Warraaqsa Oromoo amma deemaa jirurraa waan barannee fi daandii fuula duraa

Adoolessa 2016

1. Seensa

Akka sagantaa siyaasaa irraa hubatamutti ABO kan dhaabbateef Oromiyaa walaboomtee fi dimokraatik repablik taate utubuu tahuun ni hubatama. Galma kanaaf miseensonni heduu fi sabni Oromoo hedduminaan itti wareegamanii jiru, ittis wareegamaa jiru. Diddaan ammatti Oromiyaa guutuu keessatti deemaa jirus itti fufiinsa diddaa mootummaa Itiophiyaa kan ABO walakkaa jaarraa oliif geggeessaa ture.

Baroota 130 dabraniif sabni Oromoo fi saboonni kibba Itiophiyaa hundee bittaa gabrummaa kan tahe geengoo cunqursaa bittaa mootummaa Absiiniyaa (Amaara-Tigraay) dhuma jaarra kudha saglaffaa irraa kaasanii bittaa afaan qawwee fi hammeenyaan guuteen bitamaa jiru.

Hamma warraaqsa bara 1974 tti Oromiyaan bittaa Nafxanyootaa (riflemen) kanneen biyyaa fi qabeenya humna qawween irraa dhaalan jala turte. Warraaqsi mootii Haiyle Sillaasee fonqolche humna waraana biyyichaatiin butamee hamma bara 1991 hammeenyaa fi hacuuccaa humna waraanaa jala turte.

Warreen harr'a Oromiyaa humna waraanaan bitaa jiran Addi Bilisa Baaftuu Uummata Tigraay (ABUT) bittaa humna waraanaa fi hacuuccaa kanneen isaan duraarraa dhaalan daran miidhaa siyaasaa fi saaminsa dinagdee irraan gahaa jiru. ABUT (TPLF) saammii dinagdee mootummoota isaan dura turanii akkuma jirutti dhaalanii ajeechaa fi duguuggii sanyii uummata Oromoo duraan ture daran dabalan.

Gabaasaalee dhaabota haqa ilmoo namaaf dhaabbatan kanneen akka Human Rights watch, Amnesty International fi Horn of Africa Human Right League irraa akka hubatamutti hammeenyi mootummaa Wayyaanee jireenyuma saba Oromoof sodaachisaa tahuun ni hubatama.

Haa-ta'u ammo, galmi qabsoo Oromoo kan ABO tiin hogganamu Oromiyaa walaboomtee dimokraatik repablik taate utubuu yeroo sagantaan kun diriiree wixiname caalaallee ifa tahee jira. Hammeenya mootummaa Wayyaanee irraa kan ka'e, qabsoon Oromiyaa walaboomteef tahaa jiru yoomiyyuu caalaa biyya keesaa fi addunyaa guutuutti finiinee jira, toora haaraa fi isa dhumaa tahuu irraa hubanna. Haa-ta'u malee, akkuma gara boodaatti addeesinu, qabsoon kun galma akeekame gahuuf caalaatti qindaa'uu fi qaramuun haalaan barbaachisaa dha.

2. Fincila amma deemaa jiru: tarkaanfii walabummaaf murteessa tahan

Akkuma armaan olitti tuqame, hundeen sababa diddaa harr'a uummanni Oromoo agarsiisaa jiruu diddaa bittaa gabrummaa mootummoota Abisyniaa fi diddaa humnaan biyya isaanii dhabuu ti. Laalchi harr'a yoo mootummaan Wayyaanee mootummaa gadi dhiifte diddaan deemaa jiru dhaabbatee nagaan bu'a jedhu laalcha fageessanii laaluu dhabuu ti. 'Master Plan' rakkoo bulchiinsa dimokraatawaa dhabuu, haqa ilmoo namaa eeguu dhabuu, saaminsa lafaa fi kkf... asxaa hundee rakkoo ti malee ifii isaanitiin rakkoo amma dhufan miti.

Oromiyaan humnaan qabamuun (colonized) tahuunn hundee rakkoo kana hundaa ti. Kanaaf, diddaan amma Oromiyaa keessa deemaa jiru mootummaa Wayyaanee aangoo gadi-dhiisisuu qofaa oso hin taane geengoo hacuuccaa gabrummaa kan waggoota 130 ifirraa darbanii walabummaa gonfachuu dha.

Qabsoon Oromoo qabsoo haqaa ti. Kanaafis dardaraa fi shamarran Oromoo haqa kana if-dura qabanii biyya isaanii walaboomsuuf kan qawwee mootumma wayyaanee dura dhaabbataniif. Hawwii isaan kunuunsan hammeenyaa fi hacuuccaa diinaa jalaa walaba kan taate Oromiyaa utubuu dha. Mootummaa Itiophiyaa tokko mootummaa Itiophiyaa biraatiin bakka buusuudhaaf fedhii tokkollee hin qaban.

Diddaan kun Oromiyaa guutuutti qooda fudhannoo guutuu fi kumaatamaan deggeramaa jira, akkasumas, afuurri walabummaa Oromiyaa guutuu keessa bubbisaa jira, danqaan tokkichi uummata a fi Oromiyaa walaboomte gidduu jiru humna gabroomfattu mootummaa Wayyaanee ti.

Diddaan Oromoo baatii saddeettan dabran kana keessatti wanneen mirkaneesse keessaa tokko waan leellistoonni mootummaa gabroomfataa Itiophiyaa bittaaf akka tolutti oofaa turan yoo isaan hin jirre akka waan Oromoonni wal-fixanii 'chaotic tribes' isa jedhu faallesuu dha. Oromoonni bikka mootummaan Wayyaanee diigametti seera gadaarratti hundaa'uudha seeraa fi heera naannoo kabachiisuun, sirna dimokraatawaa gadi dhaabuun ifiin if bulchuu jalqabuu isaa ti.

Caalaatti ammoo, dammaqiinsi ol-aanaan diddaa kana keessatti mul'atuu fi tumsi waliigalaa Oromiyaa guutuuti calaqise, uummanni kun biyya mataa isaanii utubanii hiree mataa isaanii ifiin akka murteessu danda'an ifa godhe. Asirratti dabalamee waan hubatamuun irra jiru, fincila walirraa hin citin deemaa ture fi deemaa jiru keessatti warreen Tigree tahan dabalatee obsa isaan saboota Oromoo hin tahin Oromiyaa keessa jiran garsiisan daangaa kan hin qabne tahuu dha. Tasgabbii uummanni keenya garsiisan ilmoo namaa kanneen nagaa fi ulfina jaallataniin waan faarfamuu qabu. Haalli kun dhaabbilee idil addunyaa falmii uummanni keenya haqa isaaf godhu akka gargaaran kan yaada geddarsiisuu fi gaaffii hiree ifii ifiin murteessuu ABO gaafatu akka hubatan kan taasisu tahuu qaba.

3. Haala hamaa keessatti bayyaanata

Diddaan kun sabni Oromoo saba nagaa jaalatu tahuu shakkii tokko malee yeroo mirkaneessu mootummoota Oromiyaa qabatan keessaa wayaneen isaan hamoo tahuu caalaatti akka hubatamu taasise. Mootummaan kun dhiiga dhangalaase malee Oromiyaa akka gadi hin dhiifne ifa godhanii jiran. Gara laafina tokko malee uummata nagaan hiriira bahan fixanii jiru, mootummaan kun, hammeenyi I fi jibbiinsi isaan saba oromoo irraa qaban hegeree issanii fi hegeree deggertoota isaaniifillee akka badii tahee if dura hubachuu hin dandeenye. Yeroo barreefamni kun barreefamaa jirutti fincilli sadaasa 12, 2015 magaalaa Gincii tti ka'e Oromiyaa guutuu keessa deemaa jira. Mootummaan wayyaanees akkasuma gara laafina tokko malee humna guutuun ijoollee, maanguddoo osoo hin jennee duguuggaa itti fufanii jiru. Keessattuu, dardaraa fi shamarran mana barumsaa universitii fi mana barumsaa sadarkaa lammaffaa jiran adamsanii ajjeesuu, hidhuu, tumuu, gudeeduu mana barumsaarraa ari'uu fi madeessuun itti fufee jira. Haga ammaatti, ijoollee waggaa kudhanii gadii, dubartii garaa qabdu, manguddoo waggaa torbaatamaa olii fi dardaraa fi shamarran dhibaatamaan lakaawaman ajjeefamnii jira. Kanneen mana hidhaa tti guuraman, kanneen bikka bu'an dhibaman fi kanneen biyyarraa bahan kumaatamaan lakkawamu.

Akeekni mootummaa Wayyaanee sodaachisuu fi shrorkeessuun akka uummani aangoo isaanii jala bulan gochuu dha. Akki isaan itti yaadan dardaraa fi shamarran ajjeesuun, tumuu fi hidhuun hawwii uummanni oromoo qabuu busheessuu yaaluu dha. Haata'u malee, itti bahiinsi isaa garuu, ajeechaan meeqallee, hidhaa fi shrorkaan hagamiillee dheebuu amma uummanni oromoo qabu dhaabuu akka hin dandeenye fi mootummaa isaaniis akka hin oolchine hubatamaa dha.

Oromoo gurmaa'e sodachu arraa kan ka'e, jarrii Wayyaanee kanneen seera mootummaa san jalatti seeraan galmaa'anii warraaqan, dhaabban siyaasaa 'shororkeesitoota' jechuun moggaasanii manni hidhaa waan guutee jiruuf bakka ilmoon namaa jiraachuuf hin tolletti walitti qabanii hidhanii jiru.

Haata'u malee, uummanni Oromoo ejjennoo isaanii cimsuudhaan bilisummaa yookaan du'a jechaa jiran. Sabni Oromoo wagoota digdamman dabran muuxannoo argatanirraa haalli wayaanee shororkeessummaa tahuu hubatanii jiru. Lubbuu dardaraa fi shamarranii baasuun uummanni kaan sodaatanii akka bulan taasisuuf, ifii isaaniitii aangoo tolfatanii akka turan lubbuu dheerefachuudhaaf. Humni isaanii Agaziin uummata Oromoo adabanii qaanessuun yoo toftaa isaanii tahellee uummanni Oromoo soda fi qaanii bira dabruu isaanii garsiisanii jiru.

Hamilee fi murannoon dardaraa fi shamrran keenya baatii saddettan kana keessatti osoo rasaasnni akka bokkaa itti roobuu, osoo mana keessaa baafamanii ajjeefamanii fi hidhamanii itti fufe deggertootaa fi kanneen haqa ilmoo namaaf dhaabbatan hunda onnachiisee jira. Oromoon biyya keessaa fi biyya alaa akka onnatanii yaada tokkoo fi akeeka tokkoof dhaabbatan godhee jira. Oromiyaan walaboomtee fi uummanni Oromoo bilisoman rogaan as-bahaa jira.

4. Goolamuu mootummaa Wayyaanee

Warraaqsi Oromiyaa guutuutti sadaasa 2015 dhohe waan mootummaan Wayyaanee hin eegin tahee argame. Kanaaf, hiriiraa fi didda oromiyaa guutuu keessatti osoo walirraa hin citin deemaa ture, humna waraanaa guddaa hammas gahuun dhaamsuu fi qabneessuu hin dandeenye. Humni Agaazii ijoollee arka qullaa hiriirtu fi qonnaan bultoota garalaafina tokko malee ajjeesellee tasgabeessuu hin dandeenye.

Mootummaan Wayaanee akkuma humna dhabaa dhufaniin haala malee sodaachuu fi sodaarraa gar-laafina dhabuun mul'ate. Qabeenya uummataa gargaarsa dhaabota gargaarsa namoomaa irraa kennamu osoo hin hafin gara mi'a ajeechaa jabeessuutti qajeelchan. Haata'u malee, mi'I waraanaa hagamillee waan dhuma isaanii hambisu hin fakkaatu. Mootummaan abba irree isaan dura ture Dargiin lakoobsi taankii fi hedduminni waraanaa akka hambisuu dadhabe hubatamuu qaba.

Ija siyaasaatiin mootummaan Wayyaanee jeeqama keessa jirti. Diddaan oromiyaa guutuu keessatti tahe, walii isaanii gidduuttillee wal-amanteen akka hin jiraane godhe. Dhaaba 'waliin' hojjenna jedhanii guddifatanillee ('Dhaaba Domokraatawa Uummata Oromoo') sodaachuu fi amantaa irraa dhabuun ni mul'ata. Haalli kun akka oromiyaa humna waraanaa saddetti ti qoodamtee aangoo jeneraalota wayyaanee saddettin akka bitamtu taasise. Haata'u malee, mootummaan abdii isaa irree aangoo waraana isaarra kaa'e kun, fincila saba Oromoo irraa dandamata hin fakkaatu.

Jeequmsi siyaasaa keessaan itti dhufe dhimma diplomaasiis duraa jeeqee jira. Yeroo duraaf qabsoon bilisummaa Oromoo adunyaadhaan hubatamee jira. Miidhaa fi ajjeechaan ilmoo namaarra mootummaa wayaaneetiin gahaa jiru karaa meeshaalee sab-qunnamtii adda addaa fi karaa oromoota biyya alaa adunyaarratti saaxilamee jira. Dabalees, mootummaa kanaan haqni ilmoo namaa dhiitamuu fi oromoonni hedduminaan ajeefamuu, hidhamuu fi biyyarraa arhamuun dhabolee haqa ilmoo namaa dhaabbatan kan akka Amnisty Internationa fi Human right watch'n galamaa'ee dhihaatee jira.

Miseensonni hawaasa addunyaa yeroo duraaf, keesumaa kan akka Tokkummaa Awroopaa fi mootummoota adda addaa rakkoon Oromoorra gahaa jiru yaaddessaa tahuu garsiisanii jiru. Ummanni Oromoollee hawaasni addinyaa akka isaan hin iraanfanne hubatanii jiru. ABO miseensota hawaasa adduynaa waa'ee rakkoo Oromoo dhimmanii yaaddoon itti dhagameef galata qaba.

Haata'u malee, mootummaan abbaa irree akka Wayyaanee ibsi "yaaddoo guddaa" garsiisuu du'wwaadhaan hammeenya oromoorratti raawwachaa jiranirraa akka hin deebine hubachuun barbaachisaa dha. Daabolee akka Biyyoota gamtoomanii (UN), Tokkummaa Afriikaa fi biyyota miseensota gamataa kanaa akka mootummaan wayyaanee ajjeechaa dhaabu akka dhiibbaa irratti godhan gaafanna.

5. Daabban siyaasaa Itiophiyaa irratti ejjennoo keenya

Hordoftoonni siyaasaa tokko tokko fi hayyuuleen nafxanyootaa humni Oromoo impaayera Itiophiyaa dimokrateessu ni danda'u kan jedhu laalcha qabu. Haata'u malee, haalli qabatamaan argamu faallaa kanaa tahee argama. Dhaabban siyaasaa Itiophiyaa sababa qabsoo Oromoo tasumaa suduudaan hubachuu hin fedhan, garuu, kanatu isiniif taha jedhanii waan isaaniif tolu nuuf maluurraa takkaa if qusatanii hin beekan. Kaassattuu kun ejjennoo dhaabban siyaasaa nafxanyootaa ti.

Akkuma barruulee baatii saddettan kana keessatti bahan agarrutti dhaabbiin kanneen Itiophiya leellisan, fincila Oromoon gochaa jiranrratti qaban kan nagaa miti. Warraaqsa Oromoo tumsa dhorkuudhaf waa-meeqa yeroo waliin maran argina. Karaa biraatiin, tarii osoo hin hubatin yeroo haala Wayyaaneen itti uummata Oromoo ajjeesaa jirtu deggeran argina.

Harr'a yeroo Oromoon guutuutti if baree haqa uumamaan qabu deeffachuuf falamaa jirutti dhiibbaa warreen biraatiin haqa Oromoo jal'isuun ABO ykn dhaaba siyaasaa kamiyyu uummata oromoon wal-dhabsiisuu danda'a. kanaaf, nuti karaa keenya, humnaa fi qabeenya oromoo dantaa hayyuulee gita bittoota Itiophiyaa eeguuf gumaachu tokkollee hin hayyamnu.

Dargaggoo fi shamarran oromoo qabeenya uumaa fi humna namaa bittaa gabrummaa jalatti miidhamee bilisomsanii naannaawaa isaanii hadhaadhuu dha kan fedhan. Aadaa fi afaan isaanii guddisanii dinagdee isaanii kunuunsanii ulfinaan jiraachuu dha fedhiin isaanii. Injifannoon haga ammaa galmeessanii fi mirkanni fedhii walabummaa isaan garsiisan waan dhoofsisaaf (negotiation) dhihaatu miti.

Waan kana sirriitti hubachuun qooda fudhattoota siyaasaa oromoof qajeelfama kenna jennee amanna. Dhaabota siyaasaa kan Oromoo hin tahin (non-Oromo political parties) waliin dubbachuudhaaf ykn waliigalee wahii uumuuf, bilisummaa Oromoo, Oromiyaa walaboomte fudhachuu haqa sabni keenya lafa isaa fi qabeenya uummaa irratti qabu fudhachuun jalqaba dubbii tahuu qaba jenna. Kun, haqa dura warreen oromoo waliin hojjechuu barbaadan fudhachuu qaban jenna. Oromoon amma booda humna kamiinuu kan hacuucaman tahuu hin qabu. Oromiyaan, dargaggootaa fi shamarran onneedhaan ka'an, walaleesitoota, barreesitoota, artistoota fi kkf… kanneen haqa isaanii fi kan saba isaanii hubatan, kan Oromiyaa toora biyyoota bilisomanii dhaabuu darbaadan qabdi. Warreen carraa dardarrii fi shamarran oromoo fidanitti dhimma bahanii aangoo fudhachuu ykn aangootti deebi'uuf dhama'an yoo yeroo isaanii gubuu baatan wayya jenna.

6. Toora yaadaa tokko tahe qabaachuuf haala jarjjarsaa

Yeroo kamiyyuu caalaa tokkummaan haqaa Oromoof amma barbaachisaa dha. Mootummaa shrorkeesituu dhabamaa jirtu bikkaan gahuudhaaf, Oromoonni keessaa fi alaan dhimma isaniirratti jabaatanii jiru. Uummanii Oromoo maanguddoo fi joollee dabalatee mootummaa Wayyaanee

balfanii jiru. Mootummaa ammaa balfuu qofaa osoo hin taane Itiophiyummaa isaanirrat fe'amellee balaalefatanii jiru.

Uummanni Oromoo sagalee tokkoon dubbatan. Walabummaa Oromiyaa jechaa jiru. Dhaabileen siyaasaa Oromoo fi kan hawaasaa qabsoo deemaa jiruuf gumaachuuf hundee rakkoo uummata keenyaa hubachuu qooda kennuu danda'aniif haalaan barbaachisaa dha. Gareen tokko tokko Hundee gaaffii Oromoo hubachuu dhabuurraa qabsoon bilisummaa oromoo qancaruun hubatamuu qab. Afaanfajii fi hubachuu dhabuu dhabamsiisuudhaaf galmi qabsoo Oromoo xaliila tahee mul'achuu fi dubbatamuu qaba. Dhaabileen siyaasaa Oromoo sagalee uummata bal'aa Oromoo dhaggeefachuun, waan isaan aarsaa jabaa godhaa jiraniif hubachuudhan, toora saniin akka gumaachan gadi-jabeesinee hubachiifna.

Seenaa boonsaan abbootii fi haadholii kan nu-barsiisu Oromoon waan dhimma walii, kan waan biyyaa laalu taa'ee marihatee seera tumata (Tumaa Seeraa). Hegeree Oromiyaa murteessuuf yeroon itti marihatan, yeroon itti dirqamaa fi mirga ifii beekanii seera tumaa qabsoo dhugaarratti hundaa'e kan tahuu qabu amma tahuu ABO jabeessee amana.

Kanarratti hundaa'uudhaan, walgahiin waliigalaa (Convention), galmee yaadaa fi duudhama dhaabilee fi qooda fudhatoonni qabsoo Oromoo hundi ittiin buluu danda'an, kan deemsa qabsoo keessatti haalaa fi akeeka hundaa tohachuu danda'u, kan dantaa Oromoo sadarkaa hundaatti eegee dhaabbatuuf, kan dantaa Oromoo alaa fi keessatti eegu, kan yaada Oromoon irratti waliigaluu (Consensus) akeeku kan burqisiisu akka tahu yaada dhiheesina.

ABO'n walgahii akkasii qopheessuu irratt qooda guddaa gumaachuuf qophii tahuu mirkaneessa. Akkasumas waldoonni qormaatta Oromoo, dhaabolee siyaasaa, kan amantii, kan hawaasaa manguddoonni akkasuma qooda ol-aanaa akka agsiisa ni abdanna. Hayyoonni keenya llee utuu if hin qusatin, soda tokko malee fi looggaa tokko malee dhimma kanaaf akka gumaachan afeerraa goona. Walgahii kana qindeessuu fi fiixaan baasuu akkasumas yaadni waliigalaa erga hundeefamee booda waanni waliigalamee hojiirra ooluu fi dhiisuu irratti dhaabbileen sab-qunnamtii Oromoo shoora guddaa qaba.

Walgahiin nuti yaadaa qabnu kun, xurree shaffisa bilisummaa saaquu duwwaa osoo hin taane kan haalaan barbaachisaa tahe naamusa ('Tumaa Seeraa Qabsoo') qooda fudhatoota siyaasaa Oromoo akka qiyaasuf. Yaada tokko gara tokkotti kan nu-qajeelchu yoo qabaanne if-bulchiinsa kufaatii Wayyaanee boodaaf Oromoof taha san boodaafillee nu-qopheessa. Wanti nuti amma goonu fuuldura keenyaaf deggersa guddaa taha, yoo waa-gochuu dhiifnee teenye garuu akkasuma badiin isaa haalaan hamaa akka tahe mirkanii dha.

Oromiyaan ni bilisomti!